



Qusannoo humna ifaa manatti

Humna ifaa keetti gargaaramuuuf abshaala (smart) tahi

Manatti humna ifaa qusatuuun karaa itti baasii humna ifaa if irraa xiqqessitu saphlaa tahee dha. Akuma manatti ifaa qusannuun maalaqis nuuf qusatama.

Meeshaaleen mana keessaan dhimma itti baanu kan akka ho'istuu (microwave), kan bilbila ittiin guutatnu, kan interneetaa, qodaa bishaan ittiin bulluqsannu fi kan daabboo itti ho'isnu (toaster) humna ifaa hedduu hin fudhatan.

Meeshaaleen humna ifaa guddaa fudhatan kanneen ho'aa fi qabanna nuuf kennan kan akka ho'a qilleensaa (heater) fi qabaneessaa (air-conditioner) dha. Yeroo itti dhimma itti baanu akkaataa itti gatii si beesisu if irraa xiqqessitu irratti gorsi takka takka ni jiran.

Akka itti gatii humna ifaa kan ho'isaa fi qabaneessaa qusattu

- Mana keessa hin jirtu yoo tahe ho'isaa (heating) yokaan qabaneessaa (cooling) dhaamsi. Ho'isaa fi qabaneessaa dhimma itti hin baanetti maallaqa kee hin basin.
- Balbala (ulaa) manaa dhimma itti hin baane cufi. Bakki xiqqoon dafee ho'a, dafee qabbanaawa.
- Yeroo gannaa ho'a mana keessatti akka siif ittisuuf haguuggii / sitaaraa foddaa (curtains) kee cufi yeroo bonaa akka ho'a alatti ittisuuf cufi.
- Bakka qaawaa ulaa (balbala) fi foddaa kee irra jiran qadaaduu yaali.

Kan huccuu itti miican



Yeroo huccuu miiccu, bishaan bulluqa irra bishaan qabanaawaan gargaarami. Kun waggaatti gara \$115 siif hir'isa.

Gorsa waa'ee ho'aa



20°C

Safartuu humna ifaa kee diigiri 20 irra kaa'i.



Qabaneessaa qilleensaa kan ho'isuu fi qabaneessuu yoo qabaatte, ho'aafis sanuma gargaarami. Kunis ho'isaa manatti dirtee dhimma itti baatu caalaa humna ifaa siif qusatama.



Halkan ho'isaa qabsiisatuu kee irra kumbulaa humna ifaa of keessaan qabu (electric blankets) gargaarami. Gara yeroo 20 gatii humna ifaa gadi siif xiqqeessa.

Gorsa waa'ee qabaneessaa



24°C

Maallaqa akka siif qusatuu fi akka sitti toltee jiraattuuf qabaneessaa qilleensaa kee diigrii 24 irra kaa'i.



Yoo ni qabda tahe afarsituu qilleensaa (fan) gargaarami. Afarsituun qilleensaa mana kee siif qabaneessuuf karaa rakasha ati dhimma itti baattuu dha.



Karaa alaa haguuggii foddaa yoo jiraate yeroo bonaa akka guba aduu alatti dhorkuuf gadi buusi ykn gadi deebisi.